# Waldhaansa Baqasanii Hodhuu Booda Dhukkubbii Dhaga'amu

Cincinnati Children's

Hojiin yaalaa (yaala baqaqsanii hodhuu) erga hojjetamee booda dhukkubbii fi miirri namatti hin tolle dhaga'amuun waan baratamaa fi kan eegamuudha. Mucaa keessaniif akka mijatu fooyyessuu fi akka boqotan gargaaruuf dhukkubbiiwwanii fi mijachuu dhabuu hedduun hir'ifamuu danda'u.

Qorichi dhukkubbii hir'isu fi/ykn maloonni mijeessuu dhukkubbii daa'ima keessanii hir'isuuf gargaaruu danda'u. Gareen kunuunsaa (dhihessitootaa fi narsootni) mucaa keessanitti miirri gaariin akka itti dhaga'amuuf waan danda'an hunda ni godhu, garuu mucaan keessan ammayyuu dhukkubbii fi itti-toluu diduu muraasa qabaachuu malu. Qorichi dhukkubbii hir'isu balaa miidhaa-cinaa hir'isuuf daangeffamuu barbaachisa ta'a.

Mijaayina daa'ima keessanii fooyyessuuf karaalee hedduutu jiru. Barruun kun odeeffannoo fi gorsa dhukkubbii fi miira gaarii dhabuu daa'ima keessanii to'achuuf gargaaruu danda'u kenna.

Maaloo wantoota armaan gadii raawwachuun karoora to'annaa dhukkubbii daa'ima keessanii keessatti michuu si'aayinaan hirmaatu ta'aa:

- Dhukkubbii daa'ima keessanii madaaluu fi yaaluuf nu gargaaruu
- Waan mucaa keessan jajjabeessu nutti himuu

### Dhukkubbii

Dhukkubbiin miira namatti hin tolle ykn miira gaariin namatti toluu dhabuudha. Gosa dhukkubbii ykn miira namatti hin tolle akkamii, hagam akka ga'u, fi yeroo hagamiif tokkoon tokkoo daa'imaa akka qabu daa'imaa fi yaala baqaqsanii hodhuu godhame irratti hundaa'a.

Guyyoota muraasa jalqabaa keessatti dhukkubbiin yeroo hedduu itti caala, akkasumas kan armaan gadii ta'uu mala:

- Salphaa, giddu-galeessa ykn cimaa
- Waraansa qara qabu, adoochaa, gubaa, dhiita'uu, dhiibbaa cimaa, dhukkubbii ykn gaazii
- Sadarkaa sochii daa'ima keessanii, hirribaa fi akkaataa nyaataa irratti hundaa'uun ifatti mul'ata ykn hubachuun rakkisaadha
- Yeroo gabaabaaf kan turu, yeroo tokko tokko kan turu ykn yeroo dheeraa kan turu

Dhukkubbiin muraa baqaqsanii hodhuu (baqaqsanii hodhuuf yeroo kutan ykn muran) yeroo hunda nama dhukkuba. Ciniinnaa fi kottoonfannaan maashaa bakka hin beekamnee waan dhufan fakkaatu achii ammoo deebi'anii badu. Dhukkubbiin waliigalaa biroo kan akka dhukkubbii qoonqoo ykn mataa dhukkubbii sa'aatii 24 jalqabaa keessatti baay'inaan mul'ata.

### Safara Dhukkubbii

Ijoolleen dhukkubbii qabaatanii baay'ee ifatti agarsiisuu dhiisuu danda'u. Mucaa keessan maaltu akka itti dhagahamu ni gaafanna. Yoo daa'imni keessan garmalee umuriin xiqqaa yoo ta'e ykn deebii kennuu hin dandeenye, daa'imnakeessanitti maaltu itti dhaga'ama jettanii akka yaaddan isin gaafanna. Akka warraatti, ilaalchi isin mijaayina daa'ima keessanii irratti qabdan baay'ee barbaachisaa dha.

Iskeeliiwwan dhukkubbiis hammaa fi gosa dhukkubbii daa'imni keessanitti dhaga'amu safaruufi gargaaru. Umurii fi sadarkaa guddina isaanii irratti hundaa'uun gareen kunuunsaa iskeelii dhukkubbii daa'ima keessaniif ta'u ni filata, ni gamaaggamas.

Iskeeliiwwan dhukkubbii gosa lama kan nuti fayyadamnu:

- Ilaaluu (amala isaanii ilaaluu)
- Ofiin-gabaasuu (dhukkubbii isaanii madaaluuf suuraa fuula ykn iskeelii lakkoofsaa akka fayyadaman gaafachuu)

# Waldhaansa Baqasanii Hodhuu Booda Dhukkubbii dhaga'amu*Itti-fufeera*

### Dhukkubbii To'achuun Maaliif Barbaachisaa Ta'a?

Dhukkubbiin adeemsa fayyina daa'ima keessanii suuta gochuu danda'a. Dhukkubbiin gochawwan mucaa keessanii armaan gadii irratti dhiibbaa uumuu danda'a:

- Dandeettii qufa'uu ykn gadi fageenyaan hafuura baafachuu
- Sadarkaawwan hirribaa fi annisaa
- Dandeettii akka Miira idileetti
- nyaachuu

Jijjiiramootni kun carraa daa'imni keessan rakkoolee biroof saaxilamuuf qabu dabaluu danda'u.

Qorannoon akka agarsiisutti daa'imman dhukkubbiin isaanii haala gaariin to'atame dafanii fooyya'u, akkasumas rakkoo fi taateewwan walqabatoo waaraa xiqqaa qabu.

### Yeroo Hojiin yaalaa baqaqsanii-hodhuu geggeeffamutti

Gareen kunuunsa daa'ima keessanii karoora qoricha dhaqna adoochu (anesthesia) kan qoricha dhukkubbii hir'isu of keessaa qabu daa'ima keessaniif ni tolcha. Karoorri daa'ima keessanii yaalii baqaqsanii-hodhuu fi haala yaalaa fi xiinsammuu daa'ima keessanii irratti hundaa'a. Gareen kunuunsaa qorichi dhukkubbii hir'isu sunii fi yaaliiwwan dhukkubbii biroo akkamitti akka hojjetan ni ibsa.

Mucaan keessan qoricha dhukkubbii hir'isu kan akka armaan gadii argachuu danda'a:

- Opioid (narcotic) karaa hidda dhiigaa (IV) ykn afaaniin (fkn. fentanyl yknmorphine) kan kennaman
- Qoricha dhukkubbii hir'isu Opioid hin taane karaa IV ykn afaaniin kan kennamu
- Kan naannoo ykn narvii cufuu (qoricha miira dhabsiisu)

Qorichi dhukkubbii hir'isu miidhaa cinaa (side effects) fiduu danda'a. Gareen kunuunsaa hanga danda'amutti miidhaawwan cinaa kana hir'isuuf ni yaala. Yeroo tokko tokko miidhaa cinaa irraa baqatanii hafuun hin danda'amu.

Qorichoonni dhukkubbii hir'isan daa'imni keessan hagam deddeebi'ee fi gadi fageenya akkamiin hafuura akka fudhatu hir'isuu danda'u. Gareen kunuunsa daa'ima keessanii balaa rakkoowwan hafuura baafachuu hir'isuuf gosoota qoricha kanaa daangeessuu isaan barbaachisa ta'a. Miidhaawwan kana dhaabuu fi araada irraa fagaachuuf gargaaruuf, qorichoota kana kunuunsa dhiyeessaa keessan jalatti qofa fudhadhaa. Gareen kunuunsa daa'ima keessanii qoricha kana kara naga-qabeessa ta'een kennuudhaaf ogummaa qaba.

### Hojii yaalaa baqaqsanii-hodhuu Booda

Mucaan keessan yeroo yaala baqaqsanii hodhuu isaanii qorichi dhukkubbii hir'isu yooma kennameef illee dhukkubbii qabaachuu danda'u. Ijoolleen tokko tokko Kutaa Kunuunsa Anesteezhiyaan Boodaa (kutaa itti bayyanatan) keessatti qoricha dhukkubbii hir'isu dabalataa barbaadu. Dhukkubbii hir'isuun akkuma dadhabaa deemuun, daa'imni keessan qoricha dhukkubbii hir'isuu fi maloota jajjabinaa hospitaala fi mana keessatti fayyadamuu itti fufuu qabu ta'a.

Daa'imni hundi tokko waan hin taaneef, gosti qoricha dhukkubbii hir'isuu fi yeroo hammamiif akka barbaachisu garaagarummaa qaba. Waa'ee karoora dhukkubbii ittisuu daa'ima keessanii garee kunuunsa daa'ima keessanii gaafadhaa.

## Hospitaala Keessattii fi Yeroo Mana Jirtan

Wantoota daa'imni keessan caalaatti akka itti tolu gargaaruu danda'an tokko tokko:

- ***Bakka boqonnaa namaaf kennu barbaadaa.*** Bakka mijataa uumuuf gargaaruuf uffata-qorraa-furdaa ykn uffata mataa jala godhatan fayyadamuu yaalaa.
  Akka dhiyeessaan daa'ima keessanii hayyametti daa'ima keessan baadhaa ykn uruursaa.
- ***Gochawwan garaagaraan yaada isaanii hatuu.*** Muuziqaa ykn sosochiiwwan callisaa ta'een sammuu daa'ima keessanii dhukkubbii irraa akka fagaatu gargaaraa.
  Sochiiwwan godhamuu qababaniif akka yaadaatti viidiyoo ilaaluu ykn meeshaalee elektirooniksii harkaan qabaman fayyadamuudha.
- ***Waliin haasawuun yaada isaanii hatuu.*** Waa'ee wantoota hospitaala wajjin wal hin qabanne (hiriyoota, fiilmiiwwan jaallatamoo, meeshaalee taphaa ykn taphoota jaallatan, bineeldota manaa ykn mana barumsaa) haasa'aa.
- ***Qoosaa fayyadamuu.*** Miira daa'ima keessanii fooyyessuu fi xiyyeeffannoo isaanii jijjiiruu danda'a.
- ***Waa'ee karaa itti dandamachuu danda'anii haasa'aa.*** "Kana ______ yoo goote, ni fooyyofta."
- ***Tooftaalee boqonnaa jajjabeessuu.*** Hafuura dheeraa fi walitti-fufaa baafachuu ykn yeroo boqonnaa sammuu itti fudhatan yaaluu
- ***Ho'a qabbanaawaa ykn gadi aanaa fayyadamuu.*** Maddi ho'a qabbanaawaa ykn gadi aanaa ta'e yoo ni hayyamama ta'e dhiyeessaa daa'ima keessanii gaafadhaa.

Dabalataanis Dhiyeessaan daa'ima keessanii manatti qoricha dhukkubbii hir'isuuf ta'u yaada kennuu danda'a. Isaan kanneen armaan gadii gochuu malu:

- Qoricha dhukkubbii hir'isu/ho'a qaamaa hir'isu kan ajaja ogeessa fayyaa malee kennamu (OTC) akka fayyadamtan isinitti himu
- Qoricha dhukkubbii hir'isu argachuuf ajaja ogeessa fayyaa ni ergu
  - Ajaja qorichaa ogeessa fayyaan ennamu kanaaf mana qorichaa filachuu keessan dura, sa'aatii banaa mana qorichaa ilaaluuf bilbilaa.
  - Ajaja qorichaa daa'ima keessanii battalumatti guutaa.
  - Mucaan keessan yoom qoricha kana jalqabuu akka danda'u garee kunuunsaa gaafadhaa.
  - Yoo daa'imni keessan garmalee mugu/rafu ta'e qoricha kana hin fayyadaminaa.
  - Qoricha ajaja ogeessa fayyaatiin kennamu kana kennuudhaaf isaan hin dammaqsinaa

Yeroo mana keessatti qoricha kennitan, qajeelfama qaruuraa irratti barreeffame hordofaa.

- Qoricha qajeelfama kenname caalaa hin kenninaa.
- Yoo hamma sirrii kennuu keessan ykn karaa sirrii ta'e kennuu keessan mirkaneeffachuu baattan, dhiyeessaa daa'ima keessaniif bilbilaa

Qorichi dhukkubbii hir'isu dhukkubbiin daa'ima keessanii hammaataa ta'uu isaa dura yoo kennamu caalaatti hojjechuu danda'a. Dhukkubbiin daa'ima keessanii yoo eeguuf yaaltan ykn qoricha dhukkubbii hir'isu kennuu baattan dabaluu danda'a. Dhukkubbiin erga giddu galeessa ykn cimaa ta'ee booda hir'isuun baay'ee rakkisaa ta'uu danda'a.

Barreeffama iskeelii dhukkubbii "Safartuu Dhukkubbii Baqaqsanii Hodhuu Boodaa kan Maatii (PPPM)" jedhu, kan osoo hin ba'iin dura isiniif kennamuu danda'u, kan hamma dhukkubbii daa'imni keessan qabu safaruuf isin gargaaru fayyadamaa. Qabxiin sun yeroo daa'imni keessan qorichi dhukkubbii hir'isu isaan barbaachisuu danda'u isinitti agarsiisa.

Dhiyeessaan daa'ima keessanii sochiiwwan fayyina guddisan daangessuu ykn akeekuu danda'a. Yeroo qoricha dhukkubbii kan akka Opioid fudhatan:

- Yeroo isaan deeman ykn daa'iman isaan gargaaraa.
- Yeroo ejjeta ittiin ol ba'anii fi gadi bu'an irra deeman isaan gargaaraa.
- Mucaan keessan akka konkolaataa taphaa oofan ykn maashinoota ulfaatoo akka fayyadaman hin hayyaminaa.

# Waldhaansa Baqasanii Hodhuu Booda Dhukkubbii dhaga'amu *Itti-fufeera*

**Mucaan keessan kan armaan gadii yoo isaan quunname Dhiyeessaa Mucaa Keessaniif bilbilaa:**

- Dhukkubbii boqonnaa, hirriba, ykn mijannaa akka hin arganne isaan dhorku yoo qabaatan
- Garmalee hirribni kan isaan qabu yoo ta'ee, fi mucaa keessan salphaatti dammaqsuu hin dandeessan yoo ta'e
- Yeroo haasa'an haasaan isaanii hiika hin qabu yoo ta'e
- Miidhaa cinaa kan akka garaan nama mufachuu, ol deebisuu, hoossisuu, ykn fincaan ykn sagaraa baasuuf rakkachuu yoo qabaatan

## Waa'ee Araadaaf Yaaddoo Qabaachuu

Daa'imni qoricha dhukkubbii hir'isuuf araada godhachuun isaanii baay'ee hin mul'atu. Yeroo dheeraaf qoricha opioid fayyadamuun araada fiduu danda'a. Sababa daa'imaa ykn miseensa maatii rakkoo araadaa qabuun waa'ee kanaa yaaddoo yoo qabaattan dhiyeessaa keessan waliin haasa'uun gaariidha.

## Farmaasii Daa'immanii Siinsinaatii

Ajajni qorichaa ogeessa fayyaan kennamu bakkeewwan faarmaasii yaala alaa keenyaa mooraa Burnet and Liberty keessatti guutamuu danda'a. Sa'aatiin mana qorichaa bakka adda addaatti garaagarummaa qaba. Manni qorichaa sun:

- Karoorawwan inshuraansii heddu ni fudhata
- Mala maallaqa callaa maleeti (kaardii kireditii fi debitii fudhata)
- Qorichoota ajaja ogeessa fayyaa malee bitaman tokko tokko kan akka acetaminophen (Tylenol®) ni qabata.

## Kuusaa fi Gatuu Qorichaa Nageenya Qabu

*Kuusaa*

- Qoricha opioid bakka nageenya qabutti cufanii kaa'aa.
- Qoricha paakeejii isaa jalqabaa keessa kaa'aa
- Qoricha hangamii akka qabdan hordofaa (lakkaa'aa).
- Yeroo hunda qadaaddii daa'imman dandamatu fayyadamaa.
- Yeroo hunda erga itti fayyadamtanii booda T qadaaddii sana irra deebi'aa cufaa.
- Qorichaa daa'immanii fi bineensota irraa fageessaaa kaa'aa.

*Gatuu*

Qorichoota opioid faayidaarra hin oole **yerooma sana** gataa. Qoricha gara fuulduraatti itti fayyadamuuf **hin** qusatinaa. Kunis akka malee itti fayyadamuu, sababa hin barbaachisneef itti fayyadamuu fi akka tasaa fudhachuun akka hin uumamne taasisa.

- Daawwadhaa www.fda.gov/drugs. Fuula Qoricha Nageenyaan Gatuu argachuuf "disposal" kan jedhu barbaadaa.
- Karaan sirriin qoricha ittiin gatan, bakka qorichi itti walitti qabamutti geessuudha. Sagantaa qoricha walitti qabuu qabaachuu isaanii ilaaluuf mana qorichaa naannoo keessan jiruuf bilbilaa.
- Sagantaan qoricha walitti qabuu yoo hin jiru ta'e:
  - Qaraxiitii opioid itti gatan fayyadamaa (mana qorichaa naannoo keessanii gaafadhaa).
  - Qoricha opioid faayidaarra hin oolin hafe mana fincaaniitti gadi dhangalaasaa.



HT-5398 BRV893661 1023 035000